Kun Waraqaa Eenyummaa Baankii

Waraqaan eenyummaa baankii unka adda baasaa e-/elektiroonikii / dhaabbilee, baankiiwwan, manneen hojii fi eejansiiwwan karaa toora intarneetiitiin adda baasuun isaan waliin waliigaltee uumuu kan dandeessisuudha. Waraqaan eenyummaa baankii sanada waraqaa eenyummaa elektiroonikii paaspoortii, heyyama konkolaachisummaa fi sanadoota adda baasaa birootiin wa faakkenya qabuudha.

Warraqaan Eenyuummaa Elektiroonikii Kun Baankiidhaan Kennama

Namni waraqaa eenyummaa dhuunfaa kan biyya Siwiidin qabu kamiiyyuu karaa baankii isaa/isheetiin waraqaa eenyummaa baankii argachuu ni danda'a/dendeessi. Waraqaan eenyummaa baankii kun baankii kenne irratti osoo hin murteeffamin gatii walfakkaata kan qabuu fi haala walfakkaataa ta'een hojii irra kan ooludha.

Waraqaan Eenyummaa Baankii Bal'inaan Faayidaa Irra Oola.

Baankiiwwan namoota dhuunfaatiif waraqaa eenyummaa baankii kenna kan akka baankii Daashan, ICA Banken, Ikano Bank,Handelsbanken, Länsförsäkringar Bank, Nordea, SEB, Skandiabanken, Sparbanken Syd, Swedbank fi Ålandsbanken of keessaa qabu. Humduma isaanii keessatti baankiiwwan kunneen maamiloota miliyoona 8 ol kan tajaajila baankii intarneetii fayyadamanii fi kan waraqaa eenyummaa baankii intarneetiidhaan akkasumas tajaajila baankii kan moobaayilii danda'an kan qaban yoo ta'u akkasumas eejansiiwwan ummataa, manneen qopheessaa, fi dhaabbilee dhuunfaa waliin ittin hojjetu. Bara 207 keessa, waraqaan eenyummaa baankii naannoo si'a biliyoona 2.5 faayidaa irra oole jedhamee tilmaamama.

Namoonni irra caalaan waraqaa eenyummaa elekiroonikii fayyadamaa tura yeroo har'aa keessatti waraqaa eenyummaa baankii filataniru.
kennitoonni waraqaa eenyummaa elektiroonikii kan biroo fakkeenyaaf Telia dabalateeti.